# Waraabettiifi Wayyaaneen Dukkana Jaallatu!

Wayyaaneen gaafa barbaadde ABO'n hin jiru jetti. As gara galteemmoo mootummaakoof kan yaaddessaa ta'an; kan nashororkeessan keessaa inni hangafti ABO dha jettee akka namni sodaatee jala hin hiriirre gochuuf namni miseensa isaa ta'e shororkeessummaan himatama jettee seera tumti.

Fincila Diddaa Gabrumaafi Xumura gabrummaa uummatni guutuun biyyattii itti garagalee ka'e kanallee ABO tu duuba jira jetti.

Lolli wayyaanee haqa dhugaafi ifa wajjiniinidha.

Wayyaaneen kan isheen jibbitu nama haqa falmatu. Nama dhugaa dubbatu! Nama kijiba saaxilee ifa godhu dha.

Sababa kanaan Diinni wayyaanee inni guddaan media dha yoo jedhame soba miti. Wayyaaneen media nuukleer bombii caalaa sodaatti.

Kun waan ta'eefiis akkuma waraabessaa dukkana adeemuu waan jaalattuufidha.

Wayyanee biratti iftoominni hin jiru. Wanti hundumtuu icciitiidha. Saamichi ishiin gaggeessitu kun akka seera qabeessa hin taane isheenuu beekti. Mootummaan isheen qabdu kun akka seera qabeessa hin taanes tolchitee beekti. Wayyaaneen bakka amma taa'aa jirtu kana taa'uuf Seenaas heeras itti hin qabdu.

Kanaaf waan hundumaa dukkana haguuggateetti raawwachuu feeti.

Kanaaf diinni ishee inni guddaan nama waan kana ishee saaxiludha.

Haqni jiru ifa baanaan wayyaaneen akka lama hin bulle of beekti.

Bajata guddaa isheen ramaddee qabdus kan hundaa caalu humna waraanaa isheefillee daran haqa kana haguuguuf kan ooludha.

Gabaabaatti meeshaan waraanaa guddaan wayyaaneen sodattu media dha. Kunis median tirika ykn biiftuu eenyummaa wayyaanee saaxilu waan ta'eefidha.

Media hunda keessaammoo media Afaan Oromoon dalagu daran sodaatu. Garuu du'aafi abbaa biyyummaa Oromoo jalaa bahuu akka hin dandeenye garaan isaanii tolcheeti beeka.

Gaazexaaleefi barruulee Oromoo, medialee Oromoo kanneen akka OMN balleessuuf baajeta guddaa ramadanii kasaaraa guddaarra bu'aa jiru. Hidhi laga abbayyaallee hafee baajetnisaa naannayee OMN dhaan balleessuuf ooluu qaba jedhanii ifatti labsan.

Medialee aadaa Oromoo leellisan illee dabalatee OBS media dhuunfaa dhaamsan. Medialee international ta'an kanneen haqa leellisan kanneen akkka Aljazeeraa qilleensa Ethiopia gad lakkisuu qaba jechuun bajata biyyaa mara waan qaban gadi dhangalaasuunn dhaamsan. Televizyiiniin ESAAT illee hin hafne.

Dubbiikeenya irratti Media EBC wayyaanee namni ilaalu dhabame jennaan media dhuunfaa fakkaatanii maqaa garagaraan as bahaa akka jiran ammoo hin dagatiinaa. Maqaa geeddaratanii as haababan malee dhoksaan media lee kana boodaan dukkana keessa kan gugguufee dhaabbatee jiru wayyaaneedha.

Isaan kan barbaadan dukkanaan jiraachuudha! Wayyaaneefi waraabessi dukkana jaallatu.

Media qofaa miti namoota haqa leellisan dhugaa bilcheessanii beekan funaananii  ukkaamsanii dukkana keessa buusan.

Wayyaaneen akka eebootti wanni isheen sodattu kanbiraan ammoo hayyootadha. Beektotaafii beekumsaa hin jaallattu.

Yeroo hayyoota ijaan agartu akka nama budaan qabee cooquuttidha isaaan macheessa.

Yeroo har’aa hayyootiin kanneen akka Baqqalaa Garbaa Olbaanaa Lalisaa fi  Dabbassaa Guyyoofaa kumaatamni ulrjiileen Oromoo qeerrooleefi maanguddoonni dukkana kanaan nyaadhamanii argamu.

Egaa wayyaaneen kana hundaa gochuutiin garuu haqa ukkaamsuu hin dandeenye. Hinumaatuu kana hundaa gochuun ishee daranuu haqa Oromoo akka inni addunyaa mara irratti akka biiftuu calaqqisee mul’atu taasise.

Yeroo har’aa dhimmi Oromoo ajandaa uummata addunyaa ta’aa jira.

Keessaafuu Sochiin Qeerroo Bilisummaa Oromoo barana wayyaanee akka Kirkira lafaatti raasee diigaa jira.

Wayyaaneen yeroo har’aa miseensotashee dabalatee amantaa irraa dhabdee qorannaa irratti walitti garagaltee ilkeen wan ciniinaa jirti. TPLF ofiifuu bakka lamatti addaan baheera. Humni waraanaa ajajamuu dideera.

Gareen Abbaay Tsahaayyeefi gareen OPDO quba walitti qabaa quba walirraa kutaa jiru.

Sochiin Qeerroo FDG irraa gara FXG itti cehee jira. Sudaan Daangaankoo naaf haa kabajamu jettee wayyaanee morma huutee qabdee jirti.

Egypt kaardii keelloo agrsiisaa turtee amma kaardii diimaa itti luqqifachuuf akka jirtu akeekkachiisaa jirti.

Mootummaan Ameerikaa fincaan wayyaaneen tortoree ajaashee nuffee anqalbaarraa buusee lafa kaayee adeemeera.

Amma wayyaaneen ilmoo sheexanaa bakakkaa sodaattee qophaa teessee boochu taatee jirti.

WBO'n yeroo kamiyyuu caalaa irreessaa cimsateera.

Hojjettootiin mootummaa keessaafuu kan Oromiyaa fincila hojii dhaabuu gaggeessuuf akka jiran beekameera. Qorannaafi kadhaan akkasumas lafa jireenyaa isiniif kenninaafi kkf'n  hojjettoota mootummaa abaabballiin itti fufeera.

Qonnaan bulaan gibira hin kaffallu jedhee murteeffateera. Qabeenyaan TPLF Oromiyaa keessatti barbadaayaa jira. Sanyiin Tigiree Oromiyaarraa baqatee bahee jira. Har'a sababaa kamiifuu lammiin tigiree Oromiyaa keessa adeemee kan  dalagachuu danda'u eessallee hin jiru.

Wayyaanee irratti haleellaa cimaan gaggeeffamaa jira. Waraanni baadimmee kan namoota kuma dhibba tokkoo ol fixe illee hamma sochii Qeerroo ammaan tana adeemaa jiruu wayyaanee hin raasne. Sochiin Qeerroo Bilisummaa ammaan tana adeemaa jiru waraana Baadimmee caalaa mootummaa wayyaanee raasee diigaa akka jiru xiinxaltootiin siyaasaafi beektotni seenaa  dubbataa jiru.

Har’a wayyaaneen afaaniin fakkaraa jirti malee burkutootee dhumteetti. Abbootiin taayitaa ishee tokkollee mana bulaa hin jiran. Hedduun isaanii ammoo maatiifi qabeenyaa saammatanii qaban biyyoota alaatti baafatanii jiru.

Kana Gubbaatti Beelli seenaa keessatti argamee hin beekne lammii biyyatti bineensota beeyladaafi bosona daaraatti deebisaa jira.

Raajiin Waaqaas hedduutu mul’ataa jira. Kirkirri lafaa biyyattiitti dhalatee hin beeknellee dhalate. Beeyledaan Oromoo illee Selaam bus /qabeenyaa Tigree/ karaarra dabarsuu didan.

Burqaan gargaarsaa wayyaaneef taasifamu inni guddaan Biyya Awurooppaa irraatii ture. Amma isaanis wayyaaneen akka waraabessaa dukkaanaan adeemuu ishee dhiiftee ifatti akka baatu ajajuun labsii irratti baasanii jiru. Wayyaaneen ammoo ifa ni sodaatti. DUKKANA KEESSA TEESSEE BIYYATTIIS DUKKANA ITTI UFFISTEE BITUUF YAALIIN ISHEEN TAASISTE KUNOO NIFASHALE.

PAARLAAMAAN AWUROOPPAA WAA’EE DHIMMA OROMOO IRRATTI MURTII KANA FAKKAATU WAYYAANEE IRRATTI DABARSE.

1. **Tarkaanfii humnaa haalaan cimaa ta’e dhiheenya kana kan  Oromiyaa fi naannolee Itoophiyaa hunda keessatti fudhatameef jabeessee balaaleffata. Sababa kanaanis maatiiwwan miidhamaniif gadda ibsaa, kanneen mirga ofii karaa nagaan walga’uu fi walabummaan yaada ofii ibsachuu isaanitiif hidhaman hundi atattamaan akka hiikaman.**

2. **Mootummaan Itoophiyaa mirgoota bu’uraa kan akka mana adabaa qaama hundaaf banaa gochuu akkasumas murtii bilisaa fi haqa qabu, akkuma Chaarterii Afrikaa fi**

**seerota walii galtee idil adunyaa garaagaraa, kan akka 'Cotonou Agreement' keesumaa ammoo keeyyattoota 8 fi 96 kabajuu akka qabu.**

**3. Qorannoo amanamaa, ifa qabeessa fi walaba ta'e gochuun kanneen hiriirtota ajjeesan fi sochii hiriiratiin walitti qabsiisuun kan mirga namaa sarban akka itti gaafataman akkasumas mootummaan mana murtii haqa qabeessatti akka dhiheessuun murtoo akka argatan.**

**4. Mirga dhala namaa kan walii galaa fi mirgoota Chaarterii Afrikaa keessatti caqasaman: kan akka mirga hiriira nagaa geggeessuu, walabummaan yaada dhiheefachuu fi gurmaa'uu, mootummaan akka kabajuu qabu ; Mootummaa gamtoomanitti qorattoonni addaa kan mirga dhala namaa fi eksipertoonni garaa garaa akka gara Itoophiyaa dhufanii, mirga walabummaan karaa nagaa wal ga'uu fi gurmaa'uu ilaalchisee haala jiru akka gabaasan, mootummaan atattamaan akka affeerraa god hu.**

**5. Maaster Pilaanii Qindaawaa Finfinnee fi Godiinaalee Addaa Oromiyaa ba'ee ture mootummaan duubatti deebi'ee haquuf murteessuu isaa, EUn ni dinqisiifata. Walitti bu'iinsa dabalataa fi gochaa uummata mufachiisan dhorguuf, mariin wal hubannoo siyaasaa ifa qabeessa ta'e kan hunda hirmaachisu mootummaa, dhaabbilee mormitootaa, bakka bu'oota waldaalee hawaasaa fi uummata naannoo wajjin akka atattamaan gegeeffamu.**

**6. Miidiyaa ykn subqunnamtiin walabaa quba-qabsiisaa, si'eessaa fi hariiroo uummataatiif wabii haalaan barbaachisaa dha. Toora qunnamtii irratti gadi-qabaa gochuu kanneen akka miidiyaa ukkamsuu fi sodaachisuu dabalatee angaatonni Itoophiyaa akka**

dhaaban, akkasumas wabii mirga hawaasa siivilii fi miidiyaa Itoophiyaa keessatti mirkaneessuuf gaazexeessitoota walabaa fi warri mirga dhala namaa to’ataniif haalli akka mijaawu.

7. Angaatonni Itoophiyaa heera farra-shororkeessitootaa (Labsii Farra-Shororkeessotaa lakkoofasa 652/2009) itti dhimma ba’uun mormitoota siyaasaa, uummata nagaa, warra mirga dhala namaaf dhaabbatan, kanneen hawaasa siivilii ta’an fi gaazexeessitoota walabaa irratti hacuuccaa gochuu akka dhaaban; Mootummaan Itoophiyaa seera farra-shororkeessitootaa baafate akka irra deebi’ee sirreessu akkasumas seera fi heera adunyaa kan mirga namaa kabaju irratti hundaa’e ta’uu akka qabu.

8. Angaatonni Ithoophiyaa gochaa jibbiinsa sanyii fi amantii dhaabuudhaan mariin nagaa fi wal hubannoon hawaasaalee jidduutti akka dagaagu jajjabeessuu qabu.

9. Mootummaan projectoota misoomaa gurguddoo ta’an uummata wajjin mar’achuu ossoo qabuu; mootummaan fedhii uummataa malee humnaan namoota kan qubachiise haalaan yaaddessaa dha.

10. EUn Itoophiyaaf arjoomaa tokkicha isa guddaa waan ta’eef, gargaarsa sagantaalee fi tarsiimoowwan guddinaatiif Itoophiyaadhaa kennamu biyyattiin mirga dhala namaa dhiituuf oolchuu dhiisuu ishee to’achuu, keessumaa sagantaalee qoteebuloota fi horsiifatee buloota buqqisuu wajjin walitti qabatan irratti projectoonni EUn kaffalaman kan shoora akkasiitiin hin masakamne ta’uu akka qaban; EUn gargaarsa maallaqaa godhuuf madaalliin isaa sadarkaa biyyattiin mirga dhala namaa itti eegdu irratti xiyyeeffachuun

**Itoophiyaan gara dimookiraasitti kan fuullefachiisu ta'uu qaba.**

**Kan jedhaniifi kan kana fakkaatan dubbuiilee jajjabduufi ijoo ta'an yoo ta'an Jaarmiyaan Qeerroo Bilisummaa waqtuma sana labsii kanaaf dinqisiifannaafi kabaja qabu ibsee ture.**

**Ammas qabxiileen ijoo ta'an karaa jaaarmiyaa gara Afaan Oromootti hiikamee isiniif dhihaate.**

**Kanas ta'e sana wayyaaneen amma haalaan shororkooftee jirti. Ifa duras hin jaallattu akkuma waraabessaa dukkanaan sochooti. Amma immoo dukkana keessas taa'anii dhokachuu hin dandeenye. Dukkanichi isaan golgatanis daran isaan shororkeesse. Jidduu kana mandara wayyaanotaatti sababaa murtii paarlaamaa Awurooppaa kanatti taaziyaatu ta'aa jira.**

**Dabballootiin wayyaanee kanneen akka miimmii sibi'aatuufaa Miseensa Paarlaamaa Awurooppaa kana taate Gootittii Aaanaa Gomeez faa sa'aan an waan kana barreessullee media isaanii Zaamii irraatti Sagantaa yegaazexenyoochi kib terepheezaa jedhamu irratti abaaraafi holoo dhawachaa jiru.**

**Miimmii sibaatuus Hamma Tamboofi farshoon gubatte caalaa daran gubachuuf teessi.**

**Waraabessaafi wayyaaneen dukkana jaalatu an irraa bu'e**

**Horaa Bulaa**

**Hariiroo Jorgooti**